Guyyaa Qiyaamaa, mu’uminni Rabbii isatti ni dhiheeffama, hanga Rabbiin ol ta'e girdoo isaa irra kaa'ee, badii isaa ofiif akka ofirratti raggaasisu isa taasisa

Safwaan bin Muhriz irraa akka odeeffametti akkana jedhe: Namni tokko Ibnu Umariin -Rabbi isaan lamaan irraa haa jaallatu- akkas jedhe: " Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- waa'ee maqoo maal kan jedhan dhageesse? innis ni jedhe: akkana kan jedhuun dhaga'e: «Guyyaa Qiyaamaa, mu’uminni Rabbii isatti ni dhiheeffama, hanga Rabbiin ol ta'e girdoo isaa irra kaa'ee, badii isaa ofiif akka ofirratti raggaasisu isa taasisa, akkas jedhaan: kana beektaa? eeyyen Rabbii koo nan beeka, Rabbiinis akkana jedha: Addunyaa keessatti isa siif dhoksee jira, har'a ammoo ani isa siif dhiisa, sana Galmeen hojii gaarii isaa ni kennamaaf, kaafiroota fi munaafiqoonni ammoo, mataa uumama hundaa irratti, “warra Rabbi irratti soban” jechuun ni waamamu».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- waa’ee maqoo Rabbiin guyyaa qiyaamaa gabricha isaa mu'umina wajjiin taasisu akkana jwdhanii himan: Guyyaa Qiyaamaa mu’uminni Rabbii isaatti ni dhiheeffama, Rabbiin satrii isaa isa irra kaa'a, akka namni biraa iccitii isaa hin agarreef jecha, akkas jedhaan: Dilii akkanaa kan akkasii ni beektaa? Badii gabrichaa fi Rabbii isaa gidduutti raawwatame akka mirkaneessu isa taasisa. Innis akkana jedha: Eeyyee yaa Rabbii koo. hanga muu’uminni sun rifatee sodaatutti, ergasii Rabbiin ol ta'e akkas jedhaan: Addunyaa keessatti siif dhoksee jira, har'a ammoo ani isa siif araarama, sana booda galmeen hojii gaarii isaa ni kennamaaf. Kaafiraa fi munaafiqa ilaalchisee immoo matoolee warra ragaa ba'anii irratti akkana jedhamee waamama: isaannan kun warra Rabbii isaanii irratti sobaniidha, dhaga'aa! abaarsi Rabbii warra miidhaa raawwatan irratti haa ta'u.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/4242